Irra iimaana guutuun mu'umintootaa haala irra tolaa worra qabanu, irra caalaan keessan dubartoota isaaniitiif worra irra caalaa ta'anidha

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Irra iimaana guutuun mu'umintootaa haala irra tolaa worra qabanu, irra caalaan keessan dubartoota isaaniitiif worra irra caalaa ta'anidha».

[hasani] [abuu daawud tirmizii fiiahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni iimaana irra guutuu qabu nama haalli isaa tole akka ta'e himani, sun fuula ifuu, toltuu hojjachuu, haasawa toluu fi miidhaa ofii nama irraa qabachuudha. irra caalaan mu'umintootaa worra dubartoota isaaniitiif irra caalaa ta'ani, akka haadha manaa isaa, ilmaan isaa shamarranii, obboleettiwwan isaa, firoottan isaa shamarranii; isaantu namoota biraa irra haala itti toluu irra haqa godhata waan ta'eef jecha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5792